International Oromo Health Professionals Association (IOHPA)
oromohealthprofessionals@gmail.com
www.iohpa.org

SAR-CoV-2 is a novel coronavirus that was identified in late 2019 as the causative agent of COVID-19 (aka coronavirus disease 2019). On March 11, 2020, the World Health Organizations (WHO) declared the world-wide outbreak of COVID-19 a pandemic.

Deebii gaaffilee Vaayirasii Koronaa (KOVID-19) ilaalchisee dadeebidhaan ka'aniif

(Answers to Frequently Asked Questions about COVID19):

1.Vaayrasiin Koronaa maal? Vaayrasiin Koronaa jarmii gosa baayyee qabuufi namootaa fi bineeyyii irratti dhibee fidaniidha. Isaan keessaa SARS-COV-2 haaraya (novel) ji'a Muddee 2019 biyya Chaayna kessati arkame. Waldayaan Faaya Addunyaa (WHO), dhibee ykn dhukkuba sababa vaayrasii Karonaatin nama qabu "COVID-19" ja'e moggaase jira.

2. KOVID-19 maali? KOVID-19 dhibee vaayrasii "SARS-COV-2" jeedhamuun kan namati dhufuu fi yeeroo ammaa addunyaa maratti faca'a issa jiruudha

3. Akkamitti qama keenya keessa galuu danda'a? Karaa afaanii, Funyaanii fi Ija

4. Erga Vaayrasichi qama keenya keessa galee yeroo hammamii keessatti mallatoon dhibee kanaa mul'ata? Incubation period (inkurriin) guyyyaa 2 hamma 14 gidduuti mullata

5. KOVID-19 akkamitti namarraa namati darba?

Nama dhibee Koronaan qabamee wajjin tarkaanfii 3 gadi yoo walti siqan, qilleensaa vaayrasii qufaafi haxxishoo namni dhibeen irra jiru qufa'uufi haxxifatu qilleensa wajjin yoo funyaan, afaaniif ijaa keessa seene (lixxe); akkasumas wantoota vaayrasiichaan faalaman akka harka namaa, balbaala, xarapheezzaa, barchumaa, uffatafi kkf qaqqabanii yoo funyaan, afaan fi ija ofii tuqan.

6. Mallattooleen dhibee KOVID-19 maal fayi? *Mallattoon gurguddoon* : Qaamaa gubaa (ho'ina qaamaa) ykn leydaa, gufaasisuu, hafuura kutaa(Argansuu). *Kan biroo* : qaamni nama dadhabuu, furri yaasu, laagaan nama nyanyaachu ykn dhukubu, garaan nama teessisu (garaan nama yaasu), lallucci fi qooqqifachu dha.

7. Dhibee KOVID-19 eenyutti irra hammaata (cimaa)? Maanguddoota, namoota qaamnisaanii dhukkuba ofirraa ittisuu hindandeenye fi namoota dhibee waroo kabu kanneen akka dhiibbaa dhiigaa, Onnee, sombaa, kaanseriifi sukkaaraan dhibamaa jiraan chaalmaatti miidha.

8. **Dhibee kana ofirraa ittisuuf maal gochuun qaba?** Tarkaanfii ofirraa ittisuu murteesso ta'an fudhachuu. Yeroo hundumaa waan shanan kana yaadadhu:

1. **HARKA:**
   - Harka yeroo yeroon saamunaafi bishaaniin secondi 20 dhiqachuu
   - Bakka saamunaaf bishaan argachu hindanda'ament kemikaala jarmii ajjeesuun (hand sanitizer)gargaaramuu
   - Harka offin Fuunyaan, Ija, Afaan ofii qaqqabachuu dhiisuu
   - Harka ofiirratti qufa'uu ykn haxxiffachu dhiisuu. Ciqilee ofiirratti ykn erbee (maarraamaa ofiitti gargaaramuu)
   - Harkaan wantoota adda addaa namni baay'een tuttuqu harka offin qaqqabu dhiisuu, yoo qaqqaban dafanii harka dhiqachuu.
2. **FUULA:**
   - Fuulaa ofii harka hindhiqatamneen tuquu dhiisuu
   - Fuula ofii utuu hinxuqin harka offi sirritti dhiqachuu
   - Fuulatti maaskii/sharpii/golgaa uffachuu
3. **CIQILEE:**
   - Harka ciqileetti dacha'e irratti qufa'uu ykn haxxifachuu
4. **WAL IRRA FAGAACHUU:**
   - Tarkaanfii lama, wal irra hiiqanii deemuu, ta'uu… kkf
   - Bakka namootni hedduun waliit qabaman irraa fagaachuu
   - Mana turu ykn mana ba'uu dhiisu

5. **MANA:**
   - Hamma danda'ameeti mana ofii turuu

9 . Vaairasiin KOVID-19 bakka ykn naannoo ho'aa ta'ee keessatti daddarbuu ni danda'aa?
Akka Dhaabbatta ittisa dhukkubaa America (Center for Disease Control, CDC) jedhuutti dhiibbaan halli qilleensa babala'iinsa KOVID-19 irratti fiduu danda'uu wanti hamma ammaatti hubatame hin jiru. Garuu akka Dhaabbatti Fayyaa Addunyaa(WHO) jedhutti Vaayirasiin kun bakka hundumatti baballachuu danda'a.

10. KOVID-19 mucaa garaa dubartii ulfaa keessa jirutti hadhaa irra darbu danda'aa?
Hamma ammaatti wanti beekamu hinjiru. Akka Dhaabbata Fayyaa Addunyaatti(WHO) vaayirasichi bishaan ulfaa fi aannan harmaa keessatti hin argamne.

11.Dubartiin ulfaa KOVID-19 caalaatti miidhamuu dandeessii?
Akka Dhaabbati Fayyaa Addunyaatti (WHO) jedhutti ragaan qabatamaan dubartiin ulfaa warra kaan caalaatti saaxilamuu dandeesis jedhu hinjiru

12. Dubartiin ulfaa akkamiin ofiishee KOVID-19 irraa ittissu ykn oolchuu dandeessii? Akka Dhaabbata Fayyaa Addunyaatti (WHO) akkuma namoota biroo of eeggannaa cimaa gochuu qabdi.

13. Dubartiin vaayirasii KOVID-19 dhibamtu harma hoosisuu dandeessii?
Eyyee, dubartiin KOVID-19 qabamte harma hoosisuu ni dandeessi.
Harma hoosisu duraaf di'ima arkaan qabu duraaf boodaa arka dhiqachuu, funyaan maskidhaan ykn erbedhaan haguuguu, fi bakka qaqabamu hunda ququleesani micu shaakaluu

14. Wal irra fagachu ykn wal irraa hiiquu jeechun maal jeechudha?

- Walirraa fageenya (social distancing) akka nam-tokkeetti bakka namni tuutaan ykn hedduminaan waltiti qabamutti argamuu dhiisuu.
- Yoo argaman immo tarkaanfii lama (2) wal irra hiiquu ykn fagaachuu.
- Daangesuu (Quarantine) jechuun akka nam-tokkeetti ykn akka gareetti dhibee daddarbaaf kan saaxilaman garuu mallatton dhibee kan irra hinjirre hamma guyya

dhibeen sun irratti mul'achuu danda'a jedhemee yaadamutti akka namoota birootti hinmakame taasisuudha.

- Addaan baasuu (Isolation) jechuun akka gareetti ykn akka nam-tokkeetti dhibee daddarbaadhaan kan qabameera jedhamee yaadame adda baasanii wal'anuu ykn tursuu.

15. Nama KOVID-19 vaayirasiin du'e harkaan qabe dhibee sanaaf nan saaxilamaa? Qama nama KOVID-19 vaayirasiin du'e harkaan qabu irra of eeguudha.

Bakka aadaa fi amanttiin reeffa dhiquun dirqama ta'etti meeshaa ittin of golgan harkatti keewwatanii tajaajilamu. Golgaa fuulaa(maski) gargaaramuun akka bishaan ittin dhiqan namatti hin facaane eganno gochuu

16. Carraan ijoolleen dhibee KOVID-19 vaayirasiin qabamuu maal fakkaaata? Haala qorannoo fi raga amma jiruun carraan ijoolleen KOVID-19 vaayirasiin qabamu kan nam guddaa irra ol-ka-ee hin mulatu. Walumaagalatti dhibeen KOVID-19 vaayirasiin ijolleetti hincimu

17.Akkamittin ijoollee koo dhibee kanarraa baraaruu danda'a? Ijoollee keessan haala dhibee kana dhabamsiisuuf shaakalmu hundaa akka shaakalan jajjabeessa.

18. Vaayirasiin dhibee KOVID-19 namatti fidu kun qilleensaan ykn bobbaa (isagaraa) dhaan darbuu malaa?

Akka Dhaabbata Fayyaa Addunyaatti (WHO) adda-dureen haalli dhibeen kun ittin darbu jiidhaa qama afuura ittin fudhatan irra ya'uu yoo tuqan akka ta'eef carraan qilleensaa fi bobba (isagaraa) irra qabamu xiqqaa ta'usaa ibsa

19. KOVID-19 dawwa fi talaallii qabaa?

Yeroo ammaa kanatti qorannoon adda addaa dawwaa fi talaallii fala fiduuf goodhamaa jira, Garuu hanga ammaatti dawwaas ta'ee talaalliin KOVID-19 fayyisu hin jiru.

20. Bineeyyiifi horiin manaa dhibee KOVID-19 kana ni dabarsuu?

Akka Dhaabbatti Fayyaa Addunyaa(WHO)ragaan akka KOVID-19 beneeyyi ykn beelladaan daddarbuu mul'isu hinjiru

21.Eenytuu golgaa (Maski) uffachuu qaba?

Akka Dhaabbatti Fayyaa Addunyaa(WHO), kan maskii "medical grade" uffachuu qabu nama mallatto KOVID-19 qabuu fi nama dhibee Kanaan qabamef dirqama yammuu ta'u, namni fayyaanis yeroo manaa ba'u "maskii" hodhamteele tatu akka uffatu gorfama.

22.Namin Sigaaraa xuuxu dhibee KOVID-19tti caalaatti saaxilamuu danda'aa?

Namin Sigaaraa xuuxu yeroo xuuxu carraa hidhissaatti bubu'uu guuddaa waan ta'eef, dhibee kanaaf salphaatti saaxilamuu danda'a. Sigaaraa xuuxuunis somba irraati dhibee waan fiduuf dhibee kanaaf baayyee saaxila.

23. Bookeen KOVID-19 daddabarsuu dandeessii?

Akka Dhaaba Tika Fayyaa Addunyaa(WHO) bookeen dhibee kana hindabarsitu

24. Nama dhibee KOVID-19 vaayirsin qabaame manatti tajaajiluu?

Haala nama KOVID-19n dhibame manatti tajaajilan:
Mallato akeekkachisaa KOVID-19 to'achutii atattamaan wal'ansa ogeessa fayyaa argachu irraatti xiyyefadhu. Mallattoon sardama fi gaga'ama namati fidu akka armaan gaditi:

- Afuura kutaa/ argansuu
- Of wallaaluu
- Bifi hafaani ykn hidhi chuqulisa'uu

Yoo dhibeen itti cimee(hammaate) ogeessa fayyaa waamiif. Akka namni dhukkubsatu sun KOVID-19n dhukubsachuun shakkamu beeksis

25. Yeroo KOVID -19 dhukubsatu tajaajiltu akka dhibeen sun hin baballanne yaali godhi

- Amma danda'ametti namni dhibame sun akka kutaa tokko keessaatti dangefamu, akka nama irra fagaatu, si isaa tajajilu dabalate
- Yoo danda'ame manna qulqulina qofaati ha gargaaramu
- Meesha akka qoda nyaata, wan ittin qaama qoorfataan fi afata bakka ciisichaa waliin fayyadamuu dhiisu
- Yoo danda'ame akka namni dhibame bakka namooti, sin dabalate argamanitti golgaa fuula(maaski) goolgachu
- Namni dhibame manatti, konkolata keessatti fi mana yaalatti nama wajjin jira yoo ta'e golga (maski) fuula keewachuun barbachisadha
- Harka bishaaniif saamunadhaan sekondii 20 sukuume (rirritame) dhiqachu, keesumaa nama dhibameen walquunamtii boda
- Afaan, funyaan fi ija qaqqabachuu irra of dhorkuu
- Guyyaa hunda, wanta harkaan tutuqamaan kan akka qabanno balbala, xarabezza fi mesha itti gargaarman sirritti qulqulleesu (Yoo danda'ame bishaanif fi barakinaan gargaramu)
- Keessummaa of irra dhiisuu ykn lagachu.